

Odeeffannoo Barbaachisoo COVID-19

Department of Social and Health Services COVID-19 ittisuu fi to'achuudhaaf gargaarsa gochaa jira. Waa'ee nageenya fi fayyaa maamiltoota keenyaa baay'ee dhimmina. Ajajaa fi karoora dandamannaa Bulchaa Inslee kan *Mana Turaa, Fayyaa Keessan Eegaa* jedhu hordofaa jirra.

Tajaajila turjumaana afaanii bilisa ta'e qabna. Tajaajiloonni kunis turjumaana kennuu, afaan hiikuu fi odeeffannoo akkaataa biraatiin barreeffamaan kennuu fa'i. Tajaajiloota keenya argachuu yoo barbaaddan, maaloo **800-737-0617** irratti DSHS tti bilbiluudhaan filannoo 4 ffaa filadhaa. Tajaajila Namoota Rakkoo Dhageettii Qabanii Washington yoo barbaaddan **711** ttis bilbiluu dandeessu.

COVID-19 sagantaalee fi tajaajiloota DSHS akkamitti miidhe?

Deeggarsa Yeroo Dheeraa Turuu fi Itti Fufiinsa Qabu

COVID-19 namoota manneen kunuunsa yeroo dheeraa kennan keessa jiraatan irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu danda'a. Hanga Caamsaa 12 tti maneen tajaajila fayyaa maanguddootaaf kennan,, maneen jireenyaa deeggaramanii fi manneen jireenyaa maatii ga'eessotaa namni mana isaanii akka dhufu hin eeyyaman. Qajeelfamoonni kunneen yeroo weerarichaa jijjiiramuu malu.

Marsariitii [FamHelp](#) galuudhaan qajeelfamoota daawatootaa kan manneen tajaajila kunuunsaa kennanii ilaaluu dandeessu. Marsariitiin kun manneen tajaajila kunuunsaa kennan, kan keeziwwan COVID-19 gabaasaman qabanis ni tarreessa. Waa'ee manneen tajaajila kunuunsa yeroo dheeraa kennanii gaaffii yoo qabaattan, 888-856-5691 irratti bilbilaa maaloo. Sa'aatiin keenya 6 a.m. kaasee hanga 10 p.m. tti.

Waajjirri Namoota Gurri Isaanii Hindhaggeenyee fi Dhaga'uuf Rakkatanii maamiltoota dhagahuu hin dandeenye, dhagahuus ta'ee arguu hin dandeenye yookin dhaga'uuf rakkatan tajaajila. Akkasumas warreen tajaajila dhiyeessan waliin hojjatu. Maamila rakkoo dhageettii qabuu fi dubbatee namaan waliigaluuf deeggarsi isa barbaachisuyoo qabaattan, maaloo waajjiricha qunnamaa.

- li-meeyilii: ODHHCovid-19@dshs.wa.gov
- Bilbila: 360-338-6042
- TTY/TDD dhaaf: 360-725-3455
- Bilbilli sagalee karaa itti TTY/TDD bira gahu hin qabu yoo ta'e, 711 tti bilbilaa
- [Marsariitii ODHH](#)

Behavioral Health Administration

Behavioral Health Administration hospitaalota saayikaatirii kutaalee biyyaa sadii keessatti, Special Commitment Center tti fi Office of Forensic Mental Health Services tti ga'eessotaa fi daa'imman tajaajila.

Tatamsa'ina COVID-19 ittisuuf jecha daawannaa bakka kanattii taasifamu dhorkinee jirra. Yeroo barbaachisaa ta'etti halaala irraa tajaajila viidiyoo maamilootaaf ni kennina. Waa'ee qajeelfama daawwataa gaafachuu yoo barbaaddan yookin gaaffilee kanneen biroof, maaloo toora armaan gadiitiin bilbilaa:

- Western State Hospital – **253-582-8900**
- Eastern State Hospital – **509-565-4000**
- Giddu Gala Qorannoo fi Waldhaansa Daa'ima – **800-283-8639**
- Office of Forensic Mental Health Services
 - Maple Lane – **360-664-4641**
 - Yakima – **253-582-8900**
 - Fort Steilacoom – **253-984-5651**
- Special Commitment Center – **253-588-5281, ext. 0095**

Division of Vocational Rehabilitation

Ammaaf Waajjira Division of Vocational Rehabilitation cufnee jirra.

- Gorsitoonni bilbilaan tajaajilaa fi gargaarsa ni laatu.
- Odeeffannoo tajaajila waqtaawaa argachuuf lakoofsa bilbilaa: **800-637-5627**

Developmental Disabilities Administration

Loobiiwwan waajjiraa ammaaf cufamanii jiru. Fircrest School, Lakeland Village, Rainier School fi Yakima Valley School yeroo ammaa namni akka gara isaanii dhaqu hin eeyyamaniif. Gaaffii yoo qabaattan lakkoofsawwan armaan gadii irratti bilbilaa.

- Bulchaa keezii DDA irraa dursa eeyyama argachuudhaan fageenya irraa tajaajila laachuu dandeenya.
- Madaalliin fageenya irraa gaggeeffamuu danda'a, akkasumas madaalliwwan xumuruudhaaf yeroon barbaachisu tokkoon tokkoon keeziiwwanii irratti hundaa'udhaan dheerachuu danda'a.
- Tajaajilawwan Island, King, San Juan, Skagit, Snohomish fi kaawuntiiwwan Whatcom keessaatiif, lakkoofsa kana irratti bilbilaa: 800-314-3296.
- Tajaajilawwan Clallam, Clark, Cowlitz, Grays Harbor, Jefferson, Kitsap, Lewis, Mason, Pacific, Pierce, Skamania, Thurston yookin kaawuntiiwwan Wahkiakum keessaatiif lakkoofsa kana irratti bilbilaa: 800-248-0949
- Tajaajiloota kaawuntiiwwan naannoo biroo hunda keessaatiif 800-462-0624 tti bilbilaa.

Economic Services Administration

GARGAARSA DAA'IMAA: Loobiiwwan Division of Child Support ammaaf cufamanii jiru. Odeeffannoo keezii argachuuf yookaan kaffaltii raawwachuuf **800-442-KIDS (5437) tti bilbilaa**. Hojjachiistonni hojjataa gaggeessuu yookin hojii cufuu gabaasuu barbaadan **800-562-0479** tti bilbiluu danda'u.

WAAJJIRAALEE TAJAJILA HAWAASAA: Tajajiloonni murtaawoon **beellama qofaan ni kennamu. Kan gochuu maltan:**

- Tajaajiloota dabarsa ergaa walii galaa yoo qabaattan yookin nyaata hattatmaa kan fudhattan yoo taatan, kaardii EBT fudhadhaa.
- Tajaajiloota deeggarsa hatattamaa fudhadhaa.
- Hojii barreeffamaa dhiisaa.

GIDDU GALA QUUNNAMTII TAJAJILA MAAMILAA: **877-501-2233** tti bilbiluudhaan tajaajila argadhaa. Kanneen armaan gadii gochuu dandeessu:

- Fayidaaleedhaaf galmaayuu.
- Odeeffannoo keezii yookin jijjiirraa gabaasaa argachuu.
- Ulaagaa guutuu yookin madaallii gahuumsa walakkeessaa xumuruu.
- Kaardii EBT haaraa gaafachuu.
- WorkFirst yookin hojjataa hawaasaa argachuu.

WASHINGTON CONNECTION: Namoonni karaa onlaayinii afaan Ingilizii fi Ispanishiitiin tajaajila argachuu danda’u. Fayidaaleedhaaf galmaa’uuf, madaallii xumuruuf, jijjiirama gabaasu fi tajaajiloota naannoo kanneen biroo argachuuf WashingtonConnection.org ilaalaa.

SAGANTAALAA RIFARAALAA NAMOOTAA DULLOONANII, QAROO DHABEEYYII YOOKIN QAAMA MIIDHAMTOOTAA/MANA JIREENYA FI FEDHIIWWAN BU’UURAA: Madaallii qaama miidhamummaa ABD ammaaf yeroo biraatti dabarsineerra. Qajeelfamoota rifaraalaa HEN jijjiirree jirra akkasumas to’annoowwaan barbaachisan tokko tokko dhaabnee jirra. Odeeffannoo dabalataa waa’ee keeziwwan HEN fi ABD tiif **877-501-2233** tti bilbilaa.

NYAATA BU’UURAA: DSHS fayidaalee nyaataa hamma nyaataa isa guddaa lakkoofsa maatii irratti hundaa’uun hayyamamu kan Bitootessaa hanga Caamsaa bara 2020 dabalee jira. Mootummaan federaalaa tokkoon tokkoo ji’a COVID-19 tti nyaata dabalataa yeroo hatattamaa akka dhiyeessuuf DSHS ni gaafata.

- *Qacarrii fi Leenjii Nyaata Bu’uuraa:* Sagantaaleenii fi tajaajiloonni QLNB hundinuu jiru. Paartinaroonni QLNB karaa bilbilaa fi onlaayinii tajaajila ni kennu.
- *Ga’eessota Of-Jiraachisuu Danda’an kanneen Hirkattoota Hinqabne (ABAWD):* Ulaagaaleen hojii ABAWD dhaaf kaa’aman ammaaf hin barbaachisan. DSHS namoota hirmaachuuf fedhii fi dandeettii qaban amma iyyuu dabarsaa jira.

MADAALLIWWAN FAAYIDAALEE: DSHS madaallii ulaagaa guutuu kan hanga Ebla, Caamsaa yookin Waxabajjii bara 2020 xumuruuf turan jii’oottan jahaaf dheeressee jira. Madaalliwwann rageessa-walakkeessaa, kan Ebla, Caamsaa yookin Waxabajjii bara 2020 keessa xumuraman guutamu hin qaban. Maatiin keessan ulaagaalee biroo hunda hanga guutanii argamanitti fayidaaleen ittuma fufu.

SAGANTAA DEEGGARSA MAALLAQAA BALAA QAQQABEEF TAASIFAMU (DCAP): DCAP maatiiwwanii fi namoota ijoollee hin qabneef kennama. Lammii biyyattii ta'uun isin irraa hin eegamu. Namoonni ulaagaa daangaa galii fi madda galii yoo guutanii fi sagantaalee deeggarsa maallaqaa biroo argachuudhaaf ulaagaa hin guutne, DCAP dhaaf ulaagaa ni guutu. Caalmatti baruudhaaf **877-501-2233** tti bilbilaa.

BIIROO DEEGGARSA KOOLUU-GALTOOTAA FI GODAANTOTAA (ORIA): ORIA'n kooluu-galtootaa fi godaantota wantoota armaan gadii qaban gargaaruuf sagantaalee qaba:

- Barbaacha hojii fi leenjii.
- Deeggarsa godaantotaa.
- Dargaggoota gorsuu.
- Kooluu-galtoota jaarsolii, daa'imman, barattoota fi kanneen birootif deeggarsa taasifamu.
- Yeroo COVID-19 sagantaaleen idilee fageenyarraa argachuun ni danda'ama. Hojii yookin hoji dhabdummaadhaaf iyyachuu/galmaa'udhaaf, baruumsa keessan utubuudhaaf akkasumas deeggarsa mana jireenya akka argattan gochuuf waajjirichi tajaajilawwan haaraa qaba. Deeggarsa Maallaqaa Kooluu-galtootaa fi Deeggarsi Waldhaansaa Kooluu-galtootaa argachuuf ulaagaa guutuun hanga Fulbaana 30, 2020 tti dheereffameera.
- Tajaajilawwan argachuu fi odeeffannoo dabalataatiif **360-890-0691** tti bilbilaa.

MAATIIWWAN HARKA QALLEEYYII/WORKFIRST DHAAF DEEGGARSA YEROO GABAABAA (TANF): Dheeressiiin Hanga Yeroo TANF ji'oottan 60 ammarakkoolee COVID-19 irraa maddan dabalata.

- Ulaagaawan WorkFirst ammaaf dhaabatanii jiru. Maamiltoonni ni danda'u taanan, itti fufanii hirmaachuu danda'u.
- Qoqqobbiiwwan WorkFirst ammaaf dhaabnee jirra. Akkasumas hojjataan mana mantti akka nama hin ilaalle dhorkineerra.
- Hirmaataa hojjetaa-qo'atu kan Hojii Hawaasaa yookin WorkFirst yoo taatan, sababa COVID-19 tiin hirmaachuu hin dandeessan yoo ta'e illee qacarriin keessaan itti fufuun kaffaltii ni argattu.